Mana Marii Amantiilee Oromo Idil Addunyaa

Global Oromo Interfaith Council አለም አቀፍ የኦሮሞ ቤተ እምነቶች ምክር ቤት

Phone: (202)-602-9606/(510)-754-1494 email: oromointerfaith@yahoo.com

Washington DC, Gurraandhala 8, 2021

Ibsa hatattamaa Mana Marii Amantiilee Oromoo Idil-Addunyaa irraa kenname

Manni Marii Amantiilee Oromoo Idil-Addunyaa (Global Oromo Inter-faith Council) haala yeroo ammaa Oromiyaa keessa jiru laalchsiee walgayii ariifachiisaa Gurraandhala 08 bara 2021 gaggeesseen murtii asii gadii kana dabarseera:

1. Yeroo ammaa hidhamtoonni siyaasaa Oromoo Obbo Jawaar Mohammed, Obbo Baqqalaa Garbaa, Obbo Hamzaa Booranaa, Obbo Abdii Raggaasaa, Obbo Mikaa'el Booran, Obbo Shamsaddiin Xaahaa akkasumas hooggantoonni KFO fi ABO kan hafanis lagannaa nyaataa guyyaa kudha lammeessoo keessa jiru. Hidhamtoonni hooggantoonni dhaabotii Oromoo kuni kan lagannaa nyaataa gaggeessan miidhamni saba isaanii irra gahaa jiru waan isaan gaddisiisuu bira darbee sammuun isaanii fudhachuu dideef lubbuu isaanii takkittii qaban dabarsanii kennuuf murtii lagannaa nyaataa murteeffatan. Manni Marii Amantiilee Oromoo Idil-Addunyaa murtii isaanii kanaaf iddoo guddaa kan kennuuf isaan kabaju ta'uu ibsuudhaan, gootota qabsaa'ota Oromoo kana garuu sabni Oromoo boruufis waan abdii guddaa irraa qabuuf lubbuun isaanii akka hingaaga'amne akka nyaata nyaataniif waldhaansa argachuuf hayyamamoo ta'aniif yaamicha abbummaa dabarsinaaf. Kunillee akka hayyoota amantii dhugaan keessan dhagahameera jenna, lubbuu keessanimmoo saba keessaniif nuuf bulfadhaa jennee yaamicha dhiyeessina. Maatii, abokaatooniif haakimtoonni hidhamtoota kanaatis dhaamsa keenya kana akka biraan nuuf gahan yaamicha ariifachiisaa dhiyeessina.

2. Hooggantoonnii fi hayyoonni amantiilee Oromoo kanbiyya keessa jiran, Abbootiin Gadaa, Oromoonni dhageettii qaban, Manguddoonni Oromoo yeroo cinqii kanatti saba keenya bira akka dhaabbattaniif mana hidhaa dhaquudhaan nyaata nyaachisuudhaan lubbuu gootota kanaa akka baraartan kabajaan isin gaafanna. Dabalataanis yeroo rakkoo kana gama ummata keenyaa akka gortan yaamicha isiniif dhiyeessina.

3. Hawaasni Oromoo biyya keessaa fi biyya alaa jirtan marti gootonni qabsaa'onni Oromoo kunniin kan lubbuu ofii takkittii dabrsaanii kennaa jiran, nuuf, saba ofiitiif jedhanii waan ta'eef dhaamsa isaanii kanaaf iddoo guddaa kennitanii ka'uudhaan qabsaa'ota kanaaf akkasumas saba Oromoo rakkoo keessa jiru baraaruuf rakkoon Oromoon akka furmaata argatuuf, bakka jirtan hundatti, sagalee tokkoon, sagalee keessan akka dhageessiftan yaamicha isiniif dhiyeessina.

4. Ummanni Oromoo guutuun addunyaa irra bakka adda addaa jirtan, haalli yeroo ammaa Oromiyaaf Oromoo keessa jiru yeroo kamuu caalaa yaaddessaa waan ta'eef harka walqabachuudhaan, tokkummaadhaan waliin dhaabbachuudhaan nageenya biyya keenyaa, mirga saba keenyaa, bilisummaa biyya keenyaatiif akka sagalee taatan yaamicha isiniif dhiyeessina!

Mana Marii Amantiilee Oromoo Idil-Addunyaa